# Ergaa Yohaannis Erge Ta Qaraa

## Seensa

Ergaan Yohaannisii ta qaraa yaada jajjaba lama qaddi. Isaanille worri dubbifatu Waaqaa fi Ilma isaa Yesuus Kiristoos woliin tokkummaa akka qabaatu jajjabeessiisaa fi tokkummaa tana balleessiisaaf ka dande'u barumsa dharaa irraa akka fagaatanu ifi eegachisiisa. Yennaa san barumsi dharaa ka burqu biyya lafaa tana woliin qunnamtii godhamuun waan te'eef Ilmi Waaqaa Yesuus ijjumaa nama te'iisaaf yookiin amala namumma'aa qabaatiisaaf hin dande'u ka jedhu. Barsiisoti sun «Fayyinna jechuun le'ii biyya lafaatiif yaaduu irraa bilisa bayiisa» jedhan; kana wolille'een, «Amala dansumma'aa fi nama dhibi'iif jaalala mudhisuun fayyinna woliin ijjumaa qunnamtii hin qabu» jedhan.

Barreessaan barumsa kana mormiisaan Yesuus Kiristoos nama guutu'u, worri Yesuusitti dhugeessuu fi worri Waaqa jaalatu maraa wol wolille jaalachuu qaba jedhee gorseera.

**Haadhoo Dubbi'ii**

Seensa *1:1-4*
Ifaa fi Dukkana *1:5—2:29*
Ijoollee Waaqaatii fi Ijoollee Durriisaa *3:1-24*
Dhuga'aa fi Dhara *4:1-6*
Dirqama Jaalalaa *4:7-21*
Dhugeeffannaa Injifattu *5:1-21*

*Jecha Jiru'uu*

1 Marroo jecha jiru'uu ka jalqabaa jalqabee
jiruu, ka gurra keennaan dhageenne, ka ila teen-
naan dhaggine, ka ilaallee fi ka harka keennaan
qaqqannee isiniif barreessina.
2 Jiruun tun mudhifanteerti; nuutille dhaggi-
neerra, dhugaalle hin baana. Jiruu bara baraa
ta Abbaa woliin turtee, nu'utti mudhifante tana
isinitti hinna.
3 Isinille nu woliin tokkummaa akka
qabaattanuuf, waan dhagginee fi waan
dhageenne isinitti hinna; tokkummaan teennalle
Abba'aa fi Ilma isaa Yesuus Kiristoos woliin.
4 Gammadi keenna guutuu akka te'uuf tana bar-
reessina.

## *Waaqi Ifa*

5 Ergaan nuuti isa irraa dhageennee isinitti
hinnu, «Waaqi ifa; dukkanti isa keessa ijjumaa hin
jirtu» ta jettu tana.
6 Waaqa woliin tokkummaa qanna jedhaa,
dukkana keessa yoo deddeebine hin sonna;
dhugaan nu keessa hin jirtu.
7 Ammoo akkuma inni ifa keessa jiru, nuutille
ifa keessa yoo deddeebine woli woliif tokkum-
maa qanna; dhiigi Ilma isaa ka Yesuusii, cubbuu
teenna mara irraa nu qulleessa.
8 Cubbuu hin qannu yoo jenne ifi sonna;
dhugaalle nu keessa hin jirtu.
9 Cubbuu teenna yoo Waaqatti dhugaa baanne
inni addatama'aa fi qajeelaa* waan te'eef cubbuu
teenna nu'uuf hin araarama; jalluu teenna mara
irralle'ee nu hin qulleessa.

---

**1:1** Yoh. 1:1 **1:7** Yoh. 13:34 * **1:9** *Qajeelaa:* Sirrii

10 Nuuti cubbuu hunyee hin jirru yoo jenne,
Waaqa dharaamessa goona; jechi isaalle nu
keessa hin jiru.

# 2

### *Kiristoos Wobii Keenna*

1 Ijoollee, akka isin cubbuu hin hunyeef tana
isiniif barreessa; eennulle cubbuu yoo huje am-
moo, wobii Abbaa biraa qanna; innille Yesuus
Kiristoosii balchicha.
2 Inni woreega gumaa cubbuu teennaa ti; cub-
buu biyya lafaa duudi'iif malee, cubbuu teenna
calla'aaf moti.
3 Yoo ajaja isaatiif ajajanne, Waaqa beekiisa
keenna hin beenna.
4 Nami, «Ani isa beeka» jedhaa, ajaja isaatiif hin
ajajanne dharaamessa; dhugaalle isa keessa hin
jirtu.
5 Nami jecha Waaqaatiif ajajamu ammoo,
jaalaltiin inni Waaqaaf qabu guutu'u. Isaan
jiraatuu keenna tanaan beenna.
6 Nami «Waaqaan jiraadha» jedhu, akka Yesuus
le'e le'uu qaba.

### *Ajaja Haareya*

7 Jaalota tiyya! Ani ka isiniif barreessaaru,
ajajuma dullacha dur jalqabaa jalqaddanee isin
qaddanu san malee, ajaja haareyaa moti. Ajaji
dullachi jechuma isin dhageettane.
8 Te'uu malee, dukkanti dabariisatti, ifi
dhugichi ifiisatti waan jiruuf, Kiristoosii fi isin
biratti dhugaa ka te'e, ajaja haareya isiniif
barreessa.

---

**2:1** Yoh. 1:12

9 Nami, «Ani ifa keessa jira» jedhaa obboleessa
ifii jibbu, ammalle dukkanuma keessa jira.
10 Nami obboleessa ifii jaalatu ifa keessa le'a;
wonni nama gufachiisulle isa keessa hin jiru.
11 Nami obboleessa ifii jibbu ammoo dukkana
keessa le'a, dukkana keessa ideema, dukkantille
ila isaa waan qaddeef gara itti ideemiisatti jiru-
uyyu hin beeku.
12 Ijoolle! Cubbuu teessaniif maqaa Kiristoosi-
itiin araarri waan kennameef isiniif barreessa.
13 Abbooti'i! Ka jalqabaa jalqabee jiru waan
beettaneertanuuf isiniif barreessa. Dargaggoota!
Hamaalessa* waan injifattaneef isiniif barreessa.
14 Ijoolle! Abbaa waan beettaneef isiniif bar-
reessa. Abbooti'i! Ka jalqabaa jalqabee jiru waan
beettaneef isiniif barreessa. Dargaggoota! Jajjaba
waan teetaneef, jechi Waaqaalle isin keessa waan
jiruu fi hamaalessa waan injifattaneef isiniif bar-
reessa.

### *Biyya Lafaa Hin Jaalatina'a*

15 Biyya lafaa yookiin waan biyya lafaa hin
jaalatina'a; nama biyya lafaa jaalatu, jaalaltiin
Waaqa Abba'aa isa keessa hin jirtu.
16 Wonni biyya lafaa keessa jiru maraa:
halchaan foonii, halchaan ilaatii fi waan
qabanuun kooruun†, biyya lafaa irraa dhutti
malee, Waaqa Abbaa irraa hin dhuttu.
17 Biyyi lafaatii fi halchaan isi'ii marti hin tarti;
nami fedhii Waaqaa muummessu ammoo haga
bara baraa le'a.

### *Ka Kiristoos Mormu Irraa Ifi Eegadha'a*

* **2:13** *Hamaalessa:* Seexana † **2:16** *Kooruun:* Baleeluun

18 Ijoolle! Saatiin tun ta muumme'ee ti. Ka
Kiristoos mormu akka dhufu kanaan duraa
dhageettaneertan; ammumaayyuu worri
Kiristoos mormu hedduun dhufeera. Maarre
akka saatiin muumme'ee geette nuuti tanaan
beenna.
19 Isaan nu keessaa bayane malee, keennaa
moti; adoo keenna te'anee sila nu'uma woliin
jiraataniiyyu. Isaan ammoo nu lakkisanee deemi-
isaan keenna te'uu dhabuu isaanii mudhisane.
20 Isin ammoo Kiristoos Ayyaana Woyyichaan
muudeera; waan maraa isin martinuu hin beet-
tan.
21 Isin dhugaa beekuu dhaddaneef adoo hin
te'in, dhuga'aa fi dhugaa keessaa dharti akka hin
baane waan beettanuuf isiniif barreessa.
22 Yesuus Masiihii moti jedhee ka mormatu
malee, dharaamessi eennu ree? Ka Abba'aa fi
Ilma mormatu kun mormattuu Kiristoosii ti.
23 Nami Ilma mormatu Abbaa hin fudhatu;
nami Ilma dhugeessu Abbaalle hin dhugeessa.
24 Wonni isin jalqabaa jalqaddanee
dhageettane gadhaa keessan keessa jiraattuu
ti! Wonni isin jalqabaa jalqaddanee dhageettane
gadhaa keessan keessa yoo jiraatte, isinille Ilmaa
fi Abba'aan hin jiraattan.
25 Addiin inni nu'uuf kenne tun jiruu bara baraa
ti.
26 Marroo worra isin dokonkorsuutiif, ani tana
isiniif barreessa.
27 Ayyaanni‡ isin Kiristoos irraa fudhattane am-
moo isin keessa hin jiraata; inni waan isin bar-
siisuuf, eennulle akka isin barsiisuuf hin bar-
baachisu. Inni waan mara isin hin barsiisa;

‡ **2:27** *Ayyaanni:* Muudaan

wonni inni barsiisulle dhuga'a, dharti keessa hin
jirtu. Maarre akkuma Ayyaanni Woyyichi isin
barsiisetti Kiristoosiin jiraadha'a!
28 Yoona, ijoolle! Yennaa Kiristoos mudhatu
sodaa malee akka jiraannuu fi guyyaa dhufa isaa
akka hin fokkifanne isaan jiraadha'a!
29 Akka inni balchaa te'e yoo beettane, nami
balchummaa huju maraa ilma Waaqaa akka te'e
hin beettan.

# 3

### *Ijoollee Waaqaa*

1 Ijoollee Waaqaa jedhannee akka waamman-
nuuf, Abbaan attam guddisee akka nu jaalate
ilaala'a! Maarre nuutille ijoollee isaa ti. Biyyi
lafaa Waaqa waan hin beenneef, nu hin beettu.
2 Jaalota tiyya! Nuuti ijoollee Waaqaa ti; duuba
maan akka teenu haga ammaatitti beekkamee
hin jiru. Te'uu malee yennaa Kiristoos deebi'ee
dhufu* akkuma inni jiruun waan isa dhagginuuf,
akka isaa akka teenu hin beenna.
3 Nami Kiristoositti addii tana qabu
mara, akkuma Kiristoos qulqullichaa ifi hin
qulqulleessa.
4 Cubbuun seera balleessiisa waan teeteef,
nami cubbuu huju mara seera Waaqaa balleessee
yakka.
5 Kiristoos cubbuu teenna balleessiisaaf akka
dhufee fi ifii ammoo akka cubbuu hin qanne isin
hin beettan.

---

* **3:2** *Deebi'ee dhufu:* Mudhatu

6 Nami Kiristoosiin le'u cubbuu hin huju; nami
cubbuu huju isa hin dhaggine, yookiin isaa hin
beenne.
7 Ijoolle! Eennulle me isin sobuu ti! Akkuma
Kiristoos balchaa te'e, nami balchummaa huju
balcha'a.
8 Durriisi jalqabaa jalqabee cubbuu waan hu-
juuf, nami cubbuu huju maraa ilma Durriisaa ti.
Ilmi Waaqaa hujii Durriisaa balleessiisaaf mud-
hate.
9 Nami Waaqa irraa dhalate adabi† Waaqaa
isa keessa waan jiraatuuf cubbuu hin huju, huji-
isaafille hin dande'u.
10 Nami balchummaa hin hunyee fi nami ob-
boleessa ifii hin jaalanne mara ka Waaqaatii moti;
ijoolleen Waaqaatii fi ijoolleen Durriisaa kanaan
gargar baafamanee beekkaman.

### *Wol Jaaladha'a*

11 Ergaan isin jalqabaa jalqaddanee dhageet-
tane, «Wol jaalatuu qanna» ta jettu tana.
12 Akka Qaayinii te'uu hin qannu; inni ka
hamaalessaa te'ee obboleessa ifii ijjeese. Inni
maaf isa ijjeese? Hujiin isaa hantuu teetee, hujiin
obboleessa isaa balchittii waan teeteef isa ijjeese.
13 Obboleeyyan tiyya! Kolbaan biyya lafaa yoo
isin jibbite hin maadeffatina'a!
14 Nuuti obboleeyyan teenna waan jaalanuuf
du'a keessaa gara jiru'uutitti akka dabarre hin
beenna. Nami nama hin jaalane du'a keessatti
hafa.

† **3:9** *Adabi:* Kitaab Giriikii «Sanyii» jedha; akkas jechuulle hunna jiruu kennitu jechu'u

15 Nami obboleessa ifii jibbu, nama nama ij-
jeese; nami nama ijjeese, jiruu bara baraa akka ifi
keessaa hin qanne isinuu hin beettan.
16 Kiristoos lubbuu ifii dabarsee waan nu'uuf
kenneef, jaalaltiin maan akka teete tanaan
beenna; nuutille lubbuu teenna dabarsinee
obboleeyyan teennaaf kennuu qanna.
17 Nami karra qabu tokko obboleessi isaa
rakkatuun dhaggaa yoo gadhaa itti jabaate,
attamiin jaalaltiin Waaqaa isa keessa jiraatti
ree?
18 Ijoolle! Dubbi'iin yookiin afaan calla'aan
adoo hin te'in, huji'ii fi dhuga'aan wol jaalannuu
ti.

### *Waaqa Duratti Ifi-addii Nuuti Qannu*

19 Nuuti ka dhuga'aa te'uu keennaa fi fuula
Waaqaa dura ifi-addi'iin dhikaatu'uuf akka dan-
deennu tanaan beenna.
20 Yennaa wodanaan keenna nutti muru maraa,
Waaqi wodanaa keenna waan caaluuf, waan
maraa beeka.
21 Jaalota tiyya! Yoo wodanaan keenna nutti
muruu dhabe, Waaqa duratti ifi-addii qanna.
22 Nuuti ajaja Waaqaatiif waan ajajannuu fi
waan isa gammachiisu waan hunyuuf, waan isa
gaafanne maraa isa irraa hin fudhanna.
23 Ajaji Waaqaa, Ilma isaa Yesuus Kiristoositti
akka dhugeeffannuu fi akkuma inni nu ajaje akka
wol jaalannu.
24 Worri ajaja Waaqaatiif ajajamu Waaqaan
le'a; Waaqille isaan keessa le'a. Ayyaana inni

**3:23** Yoh. 13:34; 15:12; 17

nu'uuf kenneen, akka Waaqi nu keessa jiru beenna.

# 4

## *Ayyaana Dhugaamessaa Fi Ayyaana Dharaamessa*

1 Jaalota tiyya! Ayyaana maraayyuu hin dhuge-
effatina'a; raagoti dharaameyyiin hedduun gara
biyya lafaa waan yaa'aneeranuuf, ayyaanni isaan
qabanu Ayyaana Waaqaa akka te'e qorqora'aatii
ilaala'a.
2 Ayyaana Waaqaa kanaan beettan: Ayyaanni
akka Yesuus Kiristoos fooniin dhufe dhugeessu
maraa ka Waaqaa ti;
3 ayyaanni akka Yesuus Kiristoos fooniin dhufe
hin dhugeessine maraa ka Waaqaatii moti; inniin
kun ka akka inni dhufu isin dhageettane, ayyaana
Kiristoos mormu. Inni ammumaa biyya lafaa
keessa jira.
4 Ijoolle! Isin ka Waaqaati; ka isin keessa jiru
ka biyya lafaa keessa jiru waan caaluuf, raagota
dharaameyyii injifattaneertan.
5 Raagoti dharaameyyiin ka biyya lafaa waan
te'aneef, waan biyya lafaa dubbatan, biyyi
lafaalle isaan dhageetti.
6 Nuuti ka Waaqaa ti. Nami Waaqa beeku
maraa nu dhage'a; nami ka Waaqaa hin te'in
mara ammoo nu hin dhage'u. Kanaan Ayyaana
dhugaamessaa fi ayyaana dharaamessa gargar
baannee beenna.

## *Waaqi Jaalala*

7 Jaalota tiyya! Jaalaltiin Waaqa irraa waan tee-
teef, kowa'a wol jaalannaa! Nami jaalatu maraa
ilma Waaqaa ti, Waaqalle hin beeka.
8 Waaqi jaalala waan te'eef nami hin jaalanne
maraa, Waaqa hin beeku.
9 Akka nuuti jiruu isaan dhaggannuuf, Waaqi
Ilma ifii tokkochuma san gara biyya lafaa ergi-
isaan, jaalala ifii nu'uuf mudhise.
10 Jaalala jechuun kana: nuuti Waaqa hin
jaalanne, inni ammoo nu jaalatee, Ilma ifii cub-
buu teennaaf woreega guma'aa akka te'uuf erge.
11 Jaalota tiyya! Waaqi akkana yoo nu jaalate,
nuutille wol jaalatuu qanna.
12 Eennulle Waaqa ijjumaa hin dhaggine;
yoo wol jaalanne Waaqi nu keessa hin jiraata,
jaalaltiin isaalle nu keessatti guutuu teeti.
13 Inni Ayyaana ifii irraa waan nu'uuf kenneef,
nuuti isa keessa, innille nu keessa akka jiraatu hin
beenna.
14 Abbaan Ilma ifii Fayyisaa biyya lafaa god-
hee akka erge nuuti dhaggineerra, dhugaalle hin
baana.
15 Yesuus Ilma Waaqaa akka te'e nami
dhugeessu maraa, Waaqi isa keessa, innille
Waaqa keessa hin jiraata.
16 Nuuti jaalala Waaqi nu'uuf qabu beennee,
dhugeeffanneerra.

Waaqi jaalala; nami jaalalaan jiraatu Waaqaan
jiraata, Waaqille isaan jiraata.
17 Biyya lafaa tana irratti akkuma Kiristoos
le'e waan leeneef guyyaa mura'aa ifi-addii hin

**4:12** Yoh. 1:18

qabaanna; akka kanaan jaalaltiin Waaqaa nu
keessatti guutanteerti.
18 Jaalala keessa sodaan hin jirtu; jaalaltiin guu-
tuun sodaa baattee gatti; sodaan adabama woliin
waan wol qabatteertuuf, nami sodaatu jaalaltiin
isaa guutu'uu moti.
19 Waan Waaqi dursee nu jaalateef nuutille hin
jaalanna.
20 Eennulle «Ani Waaqa hin jaaladha»
jedhaa, obboleessa ifii ammoo yoo jibbe, inni
dharaamessa; obboleessa ifii ka ilaan dhaggu ka
hin jaalanne, Waaqa ilaan hin dhaggine jaalatuu
hin dande'u.
21 Nami Waaqa jaalatu, obboleessa ifiille
jaalatuu qaba, ajaja jedhu Kiristoos nu'uuf
kenneera.

# 5

*Biyya Lafaa Injifatiisa*

1 Yesuus Masiihii akka te'e nami dhugeeffatu
maraa ilma Waaqaa ti; nami Abbaa jaalatu, ilma
isaalle hin jaalata.
2 Waaqa yennaa jaalannuu fi ajaja isaatiif aja-
jannu, ijoollee Waaqaa jaalachuu keenna tanaan
beenna.
3 Waaqa jaalachuu jechuulle ajaja isaatiif aja-
jamiisa; ajaji isaalle ulfaata'aa moti.
4 Sababille nami Ilma Waaqaa te'e maraa biyya
lafaa hin injifata. Hunni nuuti ittiin biyya lafaa
injifannu tunille, dhugeeffannaa teenna.

**5:3** Yoh. 14:15

5 Eentu biyya lafaa injifatuu dande'a? Yesuus Ilma Waaqaa akka te'e nama dhugeeffatu calla'atti biyya lafaa injifatuu dande'a.

### *Worra Yesuus Kiristoosiif Dhugaa Bayane*

6 Ka bisaan cuuphama isaa akeekuu fi dhiiga du'a isaa akeekuun dhufe kun Yesuus Kiristoos. Inni bisaanii fi dhiigaan dhufe malee, bisaan calla'aan hin dhunne. Ayyaanni dhugaa waan te'eef, Ayyaanni ifiifuu tun dhugaa akka teete dhugaa baya.
7 Dhugaa baatoti sad jiran;
8 isaanille Ayyaana, bisaanii fi dhiiga; isaan sadiin kun wolii galan.
9 Nuuti dhugaa baya namaa hin dhugeeffanna; dhugaa bayiisi Waaqaa ammoo, tana caalti. Dhugaan Waaqaa tun ta inni Ilma ifiitiif dhugaa baye.
10 Nami Ilma Waaqaatitti dhugeeffatu, dhugaa baya tana ifi keessaa qaba; nami Waaqa hin dhugeeffanne ammoo, dhugaa baya Waaqi Ilma ifiitiif baye dhugeeffatiisa waan dhabeef, Waaqa dharaamessa godheera.
11 Dhugaan inni baye tana: Waaqi jiruu bara baraa nu'uuf kenneera, jiruun tun Ilma isaa keessa jirti.
12 Nami Ilma Waaqaa qabu jiruu qaba; nami Ilma Waaqaa hin qanne jiruu hin qabu.

### *Jiruu Bara Baraa*

13 Isin worri maqaa Ilma Waaqaatitti dhugeeffattanu, jiruu bara baraa akka qaddanu akka beettanuuf, ani tana mara isiniif barreessa.

---

**5:11** Yoh. 3:36

14 Waaqa dura dhikaatiisaaf ifi-addiin nuuti
qannu tana: waan mara akka fedha isaa yoo isa
gaafanne inni nu hin dhage'a.
15 Waan isa gaafannu mara akka inni nu'uu
dhage'u yoo beenne, yennaa isa gaafannu mara
akka fudhannu hin beenna.
16 Eennulle obboleessi isaa cubbuu du'atti [bara
baraatitti] isa hin geessine hujuun yoo dhagge,
isaaf daadimatuu ti. Waaqi jiruu bara baraa
nama saniif hin kenna. Tun worra cubbuu
du'a [bara baraatitti] isaan hin geessine hujane
calla'aaf teeti. Cubbuun du'a [bara baraatitti]
nama geessittu jirti, ta akkanaatiif daadimadhu
isaan hin jedhu.
17 Balleessaan marti cubbu'u; ammoo cubbuun
du'a [bara baraatitti] nama hin geessine jirti.
18 Ijoolleen Waaqaa cubbuu hujaa hin teettu;
Ilmi Waaqaa waan isaan tissuuf hamaalessi isaan
miidhu'uuf hin dande'u.
19 Nuuti ijoollee Waaqaa akka teenee fi biyyi
lafaa duudiin hunna hamaalessaa jala akka jirtu
hin beenna.
20 Ilmi Waaqaa dhufee Waaqa dhugaamessa
akka beennuuf, hubantii akka nu'uuf kenne
hin beenna. Nuuti Waaqa dhugaamessaa fi
Ilma isaa Yesuus Kiristoos keessa leena. Waaqi
dhugaamessi kana, jiruun bara baraalle tana.
21 Ijoollee tiyya, waaqota dharaameyyii irraa ifi
eeggadha'a!

# Kitaaba Woyyuu

## Oromo, Borana-Arsi-Guji: Kitaaba Woyyuu (Bible)

copyright © 2025 The Word for the World International

Language: gujii

Contributor: Bible Society of Ethiopia

This translation is made available to you under the terms of the Creative Commons Attribution Share-Alike license 4.0.
You have permission to share and redistribute this Bible translation in any format and to make reasonable revisions and adaptations of this translation, provided that:

- You include the above copyright and source information.
- If you make any changes to the text, you must indicate that you did so in a way that makes it clear that the original licensor is not necessarily endorsing your changes.
- If you redistribute this text, you must distribute your contributions under the same license as the original.

Pictures included with Scriptures and other documents on this site are licensed just for use with those Scriptures and documents. For other uses, please contact the respective copyright owners.
Note that in addition to the rules above, revising and adapting God's Word involves a great responsibility to be true to God's Word. See Revelation 22:18-19.

2025-05-02

---

PDF generated using Haiola and XeLaTeX on 2 May 2025 from source files dated 2 May 2025
61e71359-af4b-50d9-8600-a11d0dea133e